# Qorichoonni Saaxilamuu COVID-19 tin dura fudhataman maali?

## Qorichoota vaayirasiin akka hin maxxanne fi seelii namaa akka hin seenne dhorkuudhaf uumamaniidha. Kunis qaama dhibee irraa ittisa.



**Namoota umuriin isaanii 12 fi isaa ol ta'ane yoo namoonni kanneen armaan gadi guutan COVID-19 ittisuuf qorichoota saaxilamuun dura fudhatamaniif ulaagaa guutuu ni danda'u:**

- Ulfinni isaanii yoo xiqqaate paawundiiwwan 88 (40 kg) kan ta'e.
- Yeroo amma COVID-19 dhan kan hin qabamne.
- Dandeettin dhibee ittisuu isaanii giddu-galeessa irraa hamma gar-malee kan miidhame.
- Talaallii COVID-19 fudhachuuf ogeessa fayyaa keessaniin kan in gorfamne ta'e.

### Yoon ani yeroo dhiyoo talaallii COVID-19 fudhadhe qorichoota COVID-19 dhan saaxilamuun dura fudhataman fudhachuu nan danda'aa?

Qorichoonni saaxilamuun dura fudhataman deebii sirni dhibee ittisuu qaama keessanii talaallii COVID-19 dhaf kennuu hir'isuu mala.  Waldhaansa kana argachuuf talaallii COVID-19 keessan erga fudhattanii booda yoo xiqqaate torbanoota lama eeguu qabdu.

### Akkamittan fudhadha?

Lilmoowwan qorichaa karaa maashaa kennaman (qorichoota karaa maashaalee kennaman) gargar ta'an 2 ni fudhattu.

### Baasii isaa hammami?

Qorichichi mataa isaatin mootummaa federaalatin baasii malee bilisaan kennama. Dhiyeessitoonni tokkoon tokkoon isaanii kaffaltii lilmoo dhukkubsataa wajjiin kaffalamuu danda'u dhiyeessaa inshuraansii keessanitti.

Washington State Department of Health

DOH 825-030 March 2022 Oromo

Galmee kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maammiltootni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookiin dhaga'u hin dandeenye, kana irratti bilbila 711 (Washington Relay) yookiin Imeeyilii erga civil.rights@doh.wa.gov.